Wallaahi Amantiin kun bakka halkanii fi guyyaan gahu ni gaha. Rabbiin mana dhoqqees ta'ee mana suufii Amantii kana osoo isa hin galchin hin dhiisu

Tamiim Al-daarii irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhuun dhaga’e: «Wallaahi Amantiin kun bakka halkanii fi guyyaan gahu ni gaha. Rabbiin mana dhoqqees ta'ee mana suufii Amantii kana osoo isa hin galchin hin dhiisu, jabeenya jabaatiin, ykn xiqqeenya xiqqaatatiin, Jabeenya Rabbiin Islaamummaa ittiin jabeessu fi xiqqeenya Rabbiin kufrii ittiin xiqqeessu» Tamiima Al-daariin akkana kan jedhu tahe: jecha kana ani warra kiyya keessatti dhugumatti argeera, Nama isaan irraa Islaamummaa qabate dhugumatti kheyriin, kabajaa fi jabeenyi isa mudateera, Isaan keessaa nama kaafira tahe ammoo salphinni, xiqqeenyi fi gibirri dhugumatti isa mudateera.

[sirrii] [ahmad odeesse]

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Amantiin kun kutaalee dachii hundatti akka babal’atuu fi bakka halkanii fi guyyaan gaye kamuu Amantiin kun akka gayuu taa'u himani. Rabbiin mana tokko magaalaa, gandoota keessattii fi baadiyyaa keessatti osoo amantii kana hin galchin hin dhiisu. Namni amantii kana fudhatee itti amane jabeenya Islaamaatiin jabaa taha. Namni isa didee itti kafare ni salphataa xiqqaataa taha. Eegasii sahaabichi Tamiim Al-daariin, Rabbiin irraa haa jaallatu, waan Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubbatan sana maatii isaa keessatti akka beeke hime, isaan keessaa namni islaamummaa qabate kheyrii, kabajaa fi jabeenya akka argate, isaan keessaa namni isa didee kafare ammoo horii irraa waan muslimtootaf kaffalu wajjiin salphinaa fi xiqqeenyi akka isa mudate hime.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/11220